| | | Lakkobsa: 5-300 |
|---|---|---|
| | **Qajeelcha Poolisii Minneapolis**<br>**Maanuwaalii Himaammataafi Adeemsaa** | |
| **Jildii Shan – Dambii Naamusaafi Humna Fayyadamuu** | | |
| **Humna Fayyadamuu** | | |

## 5-307 Filannoo To'annoo - Laawuncherii 40mm Humni Ajjeesuu Isaa Xiqqaa Ta’eefi Dhiibbaa Pirojektaayilii

(xx/xx/23)
Himaammata kanaan duraa irratti fooyya’iinsa: (07/16/19) (08/21/20) (09/08/20) (04/04/21) (01/01/23)

### I. Kaayyoo

Kaayyoon himaammata kanaa himaammata humnaa biroo, addatti laawuncherii 40mm humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta’eefi dhiibbaa pirojektaayilii wajjin walqabatan, barbaachisummaa isaanii babal’isuudha

### II. Hiikawwan

**Marsaa 40mm ‘40mm round’:** Marsaan 40mm humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta’ee marsaa ibiddaa kallattiidhaan haalawwan namoota finxaaleyyiifi kan hin ajajamne humnasaanii dadhabsiisuu keessatti human olaanaa barbaachisaa ta’e kan dhimma itti bahamudha.

**Jechoota fuula P&P 5-304 irratti hiikaman:**

- Miidhaa qaamaa guddaa geessisuu

**Jechoota fuula P&P 5-304 irratti hiikaman:**

- Baachuu
- Qaqqabsiisuu
- Baasuu
- Agarsiisa
- Nama tokko irratti bobba’uu
- Qabxii
- Fayyadamuu

### III. Himaammata

#### A. Himaammataafi Heerota Qajeelfamaa

Ibsoota himaammata kana keessa jiranitti dabalatee, hojjettoonni ulaagaalee imaammata hojiirra oolan biroo hunda hordofuu qabu, Heerawwan Qajeelfamaa fi istaandaardii biroo P&P 5-301 kan dabalatu garuu isa qofaarratti kan hin daangeffamne.

DRAFT

**B. Lawuncheriiwwan 40mmfi dhiibbaa pirojektaayilii Humni Ajjeesuu isaa Xiqqaa ta'ee**

Gadi dhiifamuun rasaasa 40mm humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'e waliigalaatti akka humna ajjeesuu xiqqaa qabuutti kan fudhatamu yeroo naannoowwan qaama nama qoratamuutti gadi dhiifamu du'a ykn miidhaa qaamaa cimaa geessisuu hin dandeenye jedhamanitti, garuu haalawwan murtaa'an keessatti lubbuu namaa galaafachuu kan danda'udha.

**C. Muummee Lawuncheriiwwan 40mmfi dhiibbaa pirojektaayilii kennu**

1. Qondaaltonni MPD baachuun isaaniif kan hayyamamu laawuncheriiwwan 40mm muummeedhaan kennamu qofa. Laawuncheriiwwan 40mm dhuunfaa, ykn kanneen ejensii biraatiin kennaman, yeroo qondaalli MPD tokko MPD ofiisaatii keessatti sochiirra jirutti baachuuf ykn itti fayyadamuuf hayyama hin qaban

2. Qondaaltonni rasaasa 40mm MPDn mirkanaa'e qofa qabachuu qabu. Ispeesifikeeshiniin (maalummaan) rasaasa sanaa dhaabbata leenjii 'Range Master' irraa argachuu dandeessu.

3. Dhaabbatni leenjii MPD fedhii Sagantaa Oppireeteraa 40mm irratti hundaa'uun tokkoon tokkoon laawuncherii waliin rasaasa 40mm ni kenna. Dhaabbatni leenjii MPD rasaasa gadi lakkifame ykn miidhame kamiyyuu akka barbaachisummaa isaatti bakka buusa

**D. Himaammataafi Leenjii waliin kan Walqabate**

1. Qondaaltonni lawuncheriiwwan 40mmfi dhiibbaa pirojektaayilii humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'ee haala loogii hin qabneen qofa fayyadamuu qabu, akkasumas humni akkasii kaayyoodhaan sababa qabeessa ta'eefi leenjii MPD amma jiruufi imaammata MPD itti fayyadama humnaa bulchu wajjin kan walsimu yoo ta'e qofa (kutaalee P&P 5-300 hookkara ummataa bitimsuufi nageenya eeguu keessatti argaman hunda dabalatee).

2. Qondaaltota itti fayyadama laawuncherii 40mmfi rasaasa 40mm humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'e irratti leenji'an qofatu baachuufi itti fayyadamuuf hayyama qaba.

**E. Jeequmsa Siiviliifi Yaa'ii**

Kaayyoo to'annoo tuuta namaatiif ykn yeroo jeequmsa siiviiliifi yaa'ii laawuncherii 40mm baachuufi itti fayyadamuun hundi akkaataa P&P 7-805 qofaan kan ta'u ta'a.

**F. Haala itti Fayyadamaa**

1. Miidhaa qabatamaan jiru kan hambisuu hin dandeenye

   Qondaaltonni nama tokko irratti laawuncheriiwwan 40mm ykn projektaayilii dhiibbaa uumu kan fayyadaman yeroo:

   a. hidhuuf sababa ta'uu kan danda'u jiraachuu ykn shakkiin hidhanii tursuu danda'uu yoo jiraate.

      Akkasumas

b. Humni akkasii qondaala, nama dhimmicha ilaallatu ykn qaama biraa irraan miidhaa qaamaa **guddaa** kaayyoodhaan dhufu irraa eeguuf barbaachisaa yoo ta'e.

2. Bakkawwan Xiyyeeffannoo

   a. Bakkeewwan xiyyeeffannoo jalqabaa rasaasa 40mm humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'e gareewwan maashaalee gurguddoo qaama gadii keessatti argaman kanneen akka taa'aa, sarbaa, jilba dabalatee ta'uu qabu. Bakkeewwan xiyyeeffannoo filannoo ta'an naannoo duguggurraa hanga mudhiitti, akkasumas naannoo maashaalee gurguddoo naannoo gateettii dabalata.

   b. Qondaaltonni pirojektaayilii dhiibbaa uuman 40mm kutaalee qaama namaa murtaa'an irratti raawwachuun miidhaa cimaa qaamaa ykn sammuu dhaabbataa dhabuu ykn du'a ta'uu danda'u fiduu akka danda'u beekuu qabu.

   c. Qondaaltonni humna du'aaf nama saaxilu yoo barbaachisaa ta'e malee itti yaadanii meeshaa humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'e mataa, morma, qoonqoo, fuula, bobaa, lafee dugdaa, tiruu, ykn huffaa nama tokkoo irratti gadi dhiisuu hin qaban.

3. Balaawwan yaada keessa galchuu

   Qondaaltonni laawuncherii 40mm ykn pirojektaayilii dhiibbaa uuman fayyadamuu isaanii dura balaa ummata ykn ofii isaanii irratti dhufu kamiyyuu yaada keessa galchuu qabu.

4. Karaalee biraa yaada keessa galchuu

   Rasaa 40mm humna ajjeesuu xiqqaa qabu gadi lakkisuu dura, akkaataa beekumsaafi leenjii itti fayyadama humnaa himaammata MPD ajjeesuufi hin ajjeesine bulchuun, namni qoratamu sun balaa hin barbaachifne nama qoratamu, qondaala, ykn ummatarra osoo hin geessisin mala madaalawaa biroo kamiinuu to'atamuu danda'uufi dhiisuun isaa yaada keessa galfamuu qaba.

5. Haala human dabalataa keessatti meeshaa waraanaan duubatti deebisuu

   Laawoncheriin 40mm kan rasaasa 40mm humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'e keessatti meeshaa waraanaa gargaarsa dabalataa malee fayyadamuu hin qabu.

## G. Akeekkachiisaafi Beeksisawwan

Yeroo danda'ametti, qondaalli dhimmicha keessa jiraniifi qondaalli deebii kennuu danda'an hundi pirojekterii 40mm humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'e akka gadi lakkifamu beekuun barbaachisaa dha, kanaaf mul'ataafi sagalee pirojektaayilii 40mm gadi lakkifamuu irraa dhufu akka rasaasa lubbuu qabuutti akka hin dogoggoramne.

1. Qondaaltonni yeroofi tooftaa of kennaa keessatti, 40mm n yeroo gadi lakkifamu raadiyoodhaan ni beeksisu qabu.

2. Yeroo haalli jiru mijataa ta'e, qondaaltonni pirojektaayilii 40mm humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'e gadi lakkisan gadi lakkifamuu isaa duraafi yeroo gadi qondaalli raadiyoodhaan akka dhukaafamu ni ajaja "Code Orange!" iyyisiisuu qabu.

   Hubachiisa: Laawuncheriiwwan 40mm afaan qawwee bifa burtukaanaa qaban qabaachuu qabu, kunis meeshaan sun humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'uu isaanii agarsiisa.

**H. Oppireetera 40mm Gaafachuu**

Suppervaayizarri ykn qondaalli deebii kennan bilbilli ykn taatee dandeettii ajjeesuu isaa xiqqaa ta'e fayyadamuu barbaadu akka jiru yoo amanan, karaa raadiyoo ykn karaa biraatiin opereetera MPDn leenji'ee hojii irra jiru kan laawuncherii 40mm qabu bakka sanatti deebii akka kennu gaafachuu danda'u.

**I. Baachuufi Kuusaa**

1. Tokkoon tokkoon naannoo(precinct), Galma Magaalaafi yuunitiiwwan addaa akka barbaachisummaa isaatti laawuncheriin 40mm ni ramadamaaf.

2. Tokkoon tokkoon laawuncherii 40mm baattoo mataa isaafi bakka qawwee eegumsa qabu keessa kaawwamuu qaba.

3. Ajajoota ykn namoota isaaniin muudamaniifi opireeteroota MPDn leenji'an qofatu furtuu mana kuusaa 40mm qabaata.

4. Opireeteroonni MPDn leenji'an yeroo dabaree ramadii isaaniitti, laawuncherii 40mm qabaachuu qabu, yeroo danda'ametti

**J. Suphaa Laawuncheriiwwan 40mm**

Hojjettoot leenjii MPD argatanii raggaasifaman qofatu suphaa fi deebisanii hojiirra oolchuu laawuncherii 40mm raawwachuu qaba.

**K. Wal'aansaafi Gargaarsa Yaalaa**

1. Gargaarsi yaalaa akkaataa P&P 5-301 fi himaammata Deebii Yaalaa Hatattamaa (P&P 7-350) tiin akka barbaachisummaa isaatti ni kennama.

2. Yoo danda'ame, miidhamni nama to'atame irra gahe kamiyyuu suuraa kaafamuu qaba.

**L. Kuusaa**

Qondaaltonni rasaasa 40mm humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'e gadi lakkisan akkaataa P&P 5-302 tiin humna sana gabaasuu qabu.

DRAFT

**M. Beeksisaafi To'annoo**

1. Qondaaltonni rasaasa humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'e gadi lakkisan hatattamaan ergamaa(dispatch) beeksisuu qabu, innis to'ataa beeksisa.

2. To'ataan tokko yeroo rasaasa 40mm humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'e gadi lakkifamu kamiyyuu haala balaa sanaaf deebii ni kenna. To'ataan deebii kennu taatee sana gamaaggamuufi akkaataa P&P 5-303 tiin gamaaggama itti fayyadama humnaa ni xumura.

3. To'attoonni rasaasa 40mm humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'e fayyadamame hundi yoo danda'ame walitti qabamee akka galmaa'u ni taasisu.

DRAFT